

Waan nuti yeroo sarara irraan hojii dhabdummaadhaf iyyattu gaafannu

Faayidaawwan hojii-dhabdummaatif sarara irraan ykn bilbilaan iyyachuu kee odeeffannoo muraasa nuu dhiheessuu si barbaachisa.

Kan si barbaachisu:

- **Lakkoofsa eegumsa hawaasummaa (Social Security) kee.** Faayidaalee fudhachuudhaf seerri federaalaa kana akka dhiheessitu gaafata.
- **Maqaa fi teessoo qacaaraa kee isa dhumaa,** yeroo hammamif fi hojii akkaamii akkaa hojjetta irratti osoo hin hundaa'in.
- **Guyyaa dhumaa** qacaraa kee isa dhumaatif akka hojjetta. Sirni keenya guyyaa fuula duraa hin fudhatu. Ammaallee hojjechaa jirta yoo ta'e, guyyaa iyyatte fayyadamuu dandeesa.
- **Maqaawwanii fi teessoowwan qacaartoota biroo waggoota lamaan darban hunduma.** Qacaartoota kee waggoota lamaan darbanii hunda tarreessuu qabda. Iyyaata sarara irraa irratti, qacaartoota hanga 16 tarreessuf iddoon jira. Waggoota 2 darban keessa yoo qacaartoota 16 ol ta'an waliin hojjetta, bilbilaan iyyadhu.
- **Guyyoota qacaartoota hundaaf hojjetta.** Yoo guyyaa sirrii ta'e hin yaadaattu ta'e, tilmaama kee fayyadami. Qacaraan kee waan hi gabaasnef, odeeffannoo kana nuuf gabaasuu qabda. Mindaawwanii fi sa'aatiiwwan kee qofa nuuf gabaasu.
- **Yeroo hunda yoo hojii kee waldaadhan argatta ta'e, maqaa fi lakkoofsa naannoo** waldaa keetii.
- **Waggoota lamaan darban keessa yoo ittisa biyyaa keessa turte, DD214 kee,** garagalcha miseensa kamiyyuu, 2 hanga 8.
- **Waggoota lamaan darban keessatti hojjettaa federaalaa yoo turte, Unkaan Bu'uuraa 8** (Standard Form 8, SF8)--Hubachiisa Hojjettoota Federaalaa Waa'ee linshuraansii Hoji-Dhabdummaa, fi **Unkaan Bu'uuraa 50** (Standard Form 50, SF50)--Hubachiisa Sochii Hojjettaa hin barbaachisu garuu iyyata kee adeemsisuu ni saffisiisa.
- **Yoo lammii U.S. hin taane, lakkoofsa galmee biyya alaa kee** Tajaajiloota Lammummaa fi Baqatummaa Yunaayitid Isteetis (United States Citizenship and Immigration Services, USCIS) dhan kenname.

Oddeeffanowwan hunda qabaachuu baattus, iyyachuuf hin eegin. Iyyanni kee kan eegalu Sambata Guddaa torbee jalqaaba itti iyyatteeti.

Yeroo iyyattu gaaffilee hedduu si gaafanna. Adeemsichi sarara irraan ykn bilbilaan iyyachuu kee irratti hundaa'ee garaagaradha. Adeemsicha xumuuruf akka si gargaaru, qophaa'uu fi odeeffannoo funaanuf fakkeenya iyyataa ykn gaaffilee bilbilaa dubbisuu fedhuu malta.

[Gara fuula Hojii-dhabdummaatti \(Unemployment\) deebisi](#)

[Ibsa icciitummaa dhuunfaa Nageenyummaa Qacarrii \(Employment Security\) dubbisi](#)

Kutaan Nageenya Qaxarii sagantaa/mindeessaa carraa wal qixaati. Deeggarsi gargaarsaa fi tajaajiliwwan gaaffirratti namoota miidhaa qabaniif ni

jira. Namoota dandeettii Afaan Inglizii muraasa qabaniif tajaajilli afaanii bilisaan ni argama.
Tajaajila Dadabarsa Washington: 711